**YAADACHIISA BARBAACHISOO BAQATTOOTAA FI KOOLU-GALTOOTA NAANNAWA MAGAALAA NAAYIROOBII JIRAATAN HUNDAAF VAAYIRASII KORONAA (COVID-19) IRRATTI HUNDAA'UUDHAAN**

**(kan kenname: 27 Ebla 2020)**

Guyyaa 15 Bitootessa 2020 mootummaan Keeniyaa akka dhukkubni vaayrasii koronaa (COVID-19) daran hin babal'anneef tarkaanfii addaa beeksise. Bitootessa 27,2020 irraa eegalee, **galgala sa'aatii 7 irraa hanga ganama sa'aatii 5 tti yeroo hunda gutuu biyyaatti namoota Keeniyaa keessa jiraatan hundaaf sa'aatii darbiinsaatu jira;** kan sadarkaa kanatti **hanga Caamsaa 16, 2020 tti itti fufu(** tarii dabalataan haala irratti hundaa'ee dheerachuu kan danda'u). Yeroo kanatti manaa bahuun siif hin eeyyamamu, yookiin ni hidhamta; akka filannootti, bakka yeroof tursiifaman kan mootummaan qopheessetti baasii keetiin guyyoota 14 tiif tursiifamuu dandeessa.

Dabalataan, guyyaa 6 Ebla 2020 tti, sochiin guyyaa 6 Ebla 2020 irraa eegalee **akka Naannawa Magaalaa Naayirobii seenuu fi bahuun akka hin jiraanne akkasumas Kaawontii Kilifi, Kwale fi Mombaasaa guyyaa 8 Ebla 2020 irra eegaluun akka hin jiraanne Mootummaan Keeniyaa beeksiseera; Daangeffamni kunneen hanga Caamsaa 16, 2020 tti itti fufa.** Dabalataan, daangeffamni akkasii **Kaawontii Manderaatti Ebla 22, 2020** irraa eegalee labsameera**.** Naannawa kanneenitti seenuu fi bahuuf yaalii homaa hin godhiin, yookiin to'annaa jala oolfamta. Naannawa jiraattu keessa socho'uu itti fufuu ni danddeessa.

**Hawaasa keessatti haguuggii fuulaa godhachuu qabda- garuu yeroo hunda harka keessan saamunaa fi bishaaniin dhiqachuu hin irraanfatiinaa.** Kuni eegumsaa fi fedhii keetiifi. Dablataan, akkasumas akka COVID-19 hin tatamsaaneef gahee kee bahatta. Garuu yaadachiisa barbaachisaa: Yoo haguuggii fuulaa hin godhattu ta'e, hanga 20,000 KES adabamuu dandeessa akkasumas hidhaa ji'oota jaha yookiin lamaan isaa adabamta.

Tarii Mootummaan qorannaa jumlaa bakkoota garaagaraatti tatamsa'ina COVID-19 to'achuuf yoo gaggeesse akkasumas bakka akkasii yoo jiraatte, **maaloo hojjettoota Ministeera fayyaa irraa dhufan waliin tumsi.**

**Maaloo yoo baay'ee barbaachisaa ta'e malee guyyaa hin deddeemiinaa**.Yoo deemuu qabda ta'e yeroo hunda **waraqaalee galmee keetii of harkatti qabachuun** dirqama. Dabalataan, qajeelfama Mootuummaa Keeniyaa irratti **of haaromsuu irra turuu** fi kana hojii irra oolchuu kee mirkaneeffadhu.

**Lakkoofsa gargaarsa Balaa-tasaa**

- ***Galmeef/balaa sanadootaatiif:***
  Refugee Affairs Secretariat Shauri Moyo: 0772057770
- **Sarara gargaarsa *UNHCR*** : 0800720063 (bilisa)
- ***Balaa-tasaa fayyaatiif:***
  NCCK 0704873342 / 0723281352/ 0723281362
- ***Balaa-tasaa seeraatiif (hidhamuu,rakkoo poolisa waliin):***
  Kituo cha Sheria 0720806531
- ***Balaa-tasaa jireenyaatiif:***
  Danish Refugee Council 0800720181
- ***Dhimma NHIF-walqabateen(Ramaddi-maallaqa Inshuraansi Hospitaala Biyyoolessaa ):***
  0740049502
- ***Sarara gorsi itti kennamu:***
  1190/ 1199/ 0721 336017
- ***Sarara miidhaa saala irratti hundaa'e:***
  ***1195/080072501***
- ***Sarara eegumsa daa'immanii:***
  ***116***

COVID 19 kallattiidhaan nama qabame irraa karaa coccobaan (qufa'uun/haxxiffachuun); alkallattiin karaa tutuqaa bakkaa yookiin wantoota namni dhukkubichaan qabame itti fayyadamuun daddarba.Yoo **mallattoo COVID-19 tokkollee** kan akka ho'a, qufaa, hir'ina hargansuu fi dadhabbii hargansuu yoo qabaatte, **maaloo ministeera fayyaa** kanaan 0800721316 (bilisa); 0732353535; yookiin 0748592558 qajeelfamaaf **quunnami**.